# ADDA BILISUMMAA OROMOO

**OROMO LIBERATION FRONT** جبهة تحرير اورومو

Gaafa: 07-12-2011 تاريخ
Date:

Lakk.: 009/stm-abo/2011 رقم
No.:

**Addi Bilisummaa Oromoo Walqixxummaa fi Kabajaa**
**Amantiilee Hundumaa Ni tiksa**
**(Ibsa ABO)**

Sirni Wayyaanee tokkummaa ummata Oromoo irraa yaaddoo guddaa qaba. Ummanni bal'aan tokkichi hangana gahu kun biyya takkaa fi hiree takka waliin qabaachuu caalaa kan Wayyaanee yaaddessu jira hin fakkaatu. Kana irraa ka'uunis tokkummaa ummata kanaa sharafuuf ijibbaata hin taasisin hin qabu. Jabinni humna ummata Oromoo inni guddaan tokkummaa isaa ti waan taheef tokkummaa kana laaffisanii akka sabichi bara baraan cunqursaa jalaa hin baane taasisuun yoomuu taanaan abjuu diinota Oromoo ti.

Diinnan Oromoo, keessumattuu mootummaan aangoo irra jiru, Wayyaaneen, ummata bal'aa kana karaa kutaa yookiis gosummaa qoqqooduuf yaaliin yeroo dheeraaf taasisan harkatti fashalullee, abdii kutatanii taa'uu hin dandeenye. Mootummaan Wayyaanee karaa amantiis shira isaaf danda'ame hundaa yaaluun tokkummaa Oromoo laaffisuuf dhama'uu irraa of qusatee hin beeku. Ummanni Oromoo amantiilee adda addaa waan hordofuuf tarii karaa kanaan waan milkaawu itti fakkaatee duula diinummaa isaa itti fufeera. Naannoolee ummatni Oromoo amantii Kiristyaanaa yookiis Islaamaa hordofu baay'atutti akka waan ABOn amantii Waaqeffannaa babal'isuuf dhaabbatetti olola. Kunis hordoftoota amantii Islaamaa fi Kiristyaanaa biratti ABO jibbamsiisuuf kan yaadame tahuu isaa ti. Bakkoota hordoftoonni amantii Islaamaa yookiis Waaqeffannaa baay'atanitti ammoo akka waan ABOn dhaaba amantii Kiristiyaanaa tahetti olola. Kunis akka hordoftoonni amantii Islaamaas tahee Waaqeffannaa ija shakkiitiin ABO laalanii deeggarsa waakkataniif kan akeekkate dha. Haaluma wal fakkaatuun bakkoota hordoftoonni amantii Kiristaanaa fi Waaqeffannaa baay'atanitti ammoo ABOn amantii Islaamaaf kan dhaabbate fakkeessanii ololuu tu mul'ata. Ergamtoonni Wayyaanee kan olola akkasiitiin tokkummaa ummataa yoo danda'an diiguuf yoo dadhabanis laaffisuuf bobbaafaman lakkoofsi isaanii xiqqaa miti.

Wanni ifatti beekamuu qabu garuu, ABO jechuun dhaaba Wayyaaneen bifa kanaan dhiheessuu yaaluu miti. ABO jechuun dhaaba siyaasaa kan amantii tokkoof loogee kaawwan moggeessu miti. ABOn wal qixxummaa amantiilee hundumaatti amana. Sagantaa Siyaasaa ABO fuula 10, Keeyyata 5.8 jalatti akkuma ifatti kaayame, ***"Mootummaan amantii hin moggeeffattu, kamiifuu hin baabsitu. Walqixxoomaa fi kabajaan amantii hundumaa ni tikfama."*** jedha. Keeyyata kana jalatti '*mootummaa*' jechuun kan eerame akka sagantaa siyaasaa ABOtti mootummaa Oromiyaa gara fuulduraa dhaabbatu ibsuufi.

Addi Bilisummaa Oromoo eenyummaa ummata qabsaawuufii tolchee beeka. Ummanni Oromoo ummata tokkicha amantiilee gara garaa hordofu tahuun ABO jalaa dhokataa miti. Ummata amantiilee gara garaa hordofu akkasiif imaammata hin baabsawaa hordofuunis waanuma gaaffii hin qabne. Ummanni Oromoo amantiilee adda addaa kan hordofu ta'uun ammoo caalaatti miidhaginaa fi ilaalcha idil-addunyummaa hawaasichi qabu mul'isa malee yaaddessaa miti. Sabni tokko amantii tokkicha kan waliin hordofu tahee qofaaf tokkummaan isaa bu'uura jabaa qaba hin jechisiisu. Amantiilee adda addaa hordofeef ammoo tokkummaan isaa yaaddessaa hin tahu. Amantii tokkicha waliin hordofuun wabii nagayaa fi tokkummaa akka hin taane fagoo osoo hin deemne dhugaa ollaa keenya Soomaaliyaa keessatti mul'atu irraa salphaatti mirkaneeffatuu dandeenya. Wanni murteessaan imaammata warri siyaasaa biyya tokkoo taligu hordofu malee hundee garaagarummaa yookiin tokkummaa amantii ummatni tokko waliin qabaatuu miti.

Dhugaa kana mirkaneessuuf mee fakkeenya biyyoota Hindii fi Paakistaan qofa haa laallu. Har'a biyya Paakistaan caalaa biyya Hindii tu nageenya amansiisaa fi misooma shaffisaa qabaachuun beekama. Akka amantiitti yoo laalle ummanni Paakistaan guutummaa guutuutti amantii tokkicha waliin hordofa. Ummanni Hindii ammoo amantiilee gara garaa waliin hordofa. Silaa amantiidhaan tokkoomuun wabii nageenyaa fi misoomaa taatee Paakistaan tu

P.O.Box 6973 Asmara, Eritrea Tel 2911 153886 Email: abamilki@gemel.com.er, *www.oromoliberationfront.org*

Hindii caalaa sabatooftuu fi miisoomtuu taha ture. Garuu dhugaan mul'ataa jiru faallaa kanaa ti. Wanni murteessaan garaagarummaa yookiis tokkummaa amantii qabaachuu odoo hin taane imaammata siyaasaa gama kamiifuu hin baabsinee fi hordoftoota amantii hundumaa ija tokkichaan laalu horodofuu dha. Addi Bilisummaa Oromoos akka dhaaba qabsootti kanatti amana. Borus akka mootummaatti imaammata kana irraa ala tahe hordofuuf hin jiru.

Ummanni Oromoo ammoo dhugaa ummatoota addunyaa biroo irraa adda tahe qaba. Ummanni kun laalaa jiruu gabrummaa wal fakkaataa qaba. Hawaasa Oromoo keessatti mata dureen jabduun akkamitti akka sabaatti gadi qabaa siyaasaa jalaa haa baanu kan jedhu malee dhimma amantiin walitti deemuu yookiis walirraa qoollifachuu miti. Diinni isa kana hin beeku waan taheef garaagarummaa amantii afarsee salphaatti Oromoo diiguutti kan milkaawu itti fakkaata. Kana yoo jennu garuu kanneen akka Wayyaaneen barbaadutti hawaasa Oromoo keessatti garaagarummaa amantii afarsuu dalagaa godhatan tokko tokko hin jiran jechuu miti. Warri akkasii kun ilaalcha amantii qofaan liqimfamanii waa'ee tokkummaa sabummaa yaaduuf yeroo dhabuu ni malu. Wayyaaneen namoota hanqina dammaqiinsa siyaasaa qaban akkasiitti dhimma bahee Oromoo amantiidhaan qoqqooduuf yoo arreede nama hin raaju. Haa tahu malee ummaticha keessaa harki wayyabni akkuma amantii mataa isaa jabeessee hordofu Oromummaa isaafis laalataa dha waan taheef duulli diinaa kun isa hin dogoggorsu. Mootummaan kun sirna mirga amantiilee tiksu of fakkeessaa amantiidhuma tokkicha keessattuu garaagarummaa babal'isuuf kan hojjetu tahuunis akka ifa bahaa jiru dagatamuu hin qabu.

ABOn akka dhaabaatti didhaalee amantii tuttuqatanii itti dhufan hedduu injifannoodhaan keessa bahe. Qabsaawonni ABO hangafni rakkoo bara 1978 keessa Dirree Bahaatti dhalate irra aanuu kan danda'an hin baabsummaa (secularity) dhaabni kun amantii irratti qabu irratti cichuu isaaniitiini. Akkasumas bara 1980 keessa hogganni ABO sadarkaa olii odoo dhimma qabsoof gara Soomaaliyaatti imalaa jiruu shiftoota Soomaaliitiin bakka Shinnigga jedhamtutti qormaata lubbuu mudate. Diinni gaafasii Oromoo tokkicha amantiidhaan adda fooyee gaaga'uuf wayta dhaadatetti qabsaawonni sun seenaa fakkeenyummaan isii bara baraan yaadatamtu galmeessuun waliin wareegaman. '*Nuti Musliimaa fi Kiristiyaanatti adda hin qoodamnu! Nuti Oromoo dha! Hiree takkittii waliin qabna! Kaayyoo takkaaf manaa baane; kaayyoo takkaaf wareegamnas!!*' jedhanii lubbuu isaanii bakka bu'aa hin qabne tokkummaa Oromoo mirkaneessuuf kitiman. Addi Bilisummaa Oromoo har'as tahee boru qabsaawota cichoo kana fakkaataniin ibsama!!!

Injifannoo Ummata Oromoof!
Gadaan Gadaa Bilisummaa ti!

Adda Bilisummaa Oromoo

Muddee 2011